

Yooman qoratamuu qaba? Miseensa Maatii Dhukkubsataa

BARREEFFAMA

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

COVID-19'f yoom qoratamuu qabdu?

Namni maatii keessan keessaa tokko COVID-19n qabamee dhukkubsataa jira. Isaan mana keessa turan (adda of baasanii), garuu isin mana keessa isaanii wajjin turtan.

Gorsawwan qorannoo akka jedhanitti miseensonni maatii hundi nama mana keessaa COVID-19n qabamewaliin erga walittidhiyaatanii booda qoratamuu qabu.

Namni dhukkubsate sun yoo xiqqaate guyyoota shaniif mana turuufi namoota biroorraa fagaachuu (adda of baasuu) qaba, sababni isaas yeroo kana keessatti namoota biroo faaluu danda'a waan ta'eef. Manatti namoota biroo waliin wayita turan illee maaskii godhachuu qabu. Ammayyuu mallattoolee dhukkubaa qabu yoo ta'e, ykn maaskii godhachuu hin danda'an yoo ta'e, yeroo sana caaluuf mana keessa turuun irraa eegamuu mala.

COVID-19 qabdu yoo taatan, yeroo hammamiif mana turuu akka qabdan irratti odeeffannoo addaa argachuuf marsariitii keenya Yoo Dhukkubsattan jedhu (<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html>) ilaalaa.

Nama COVID-19 qabu waliin jiraattu yoo ta'e, erga namichi dhukkubsate adda of baasuu isaa xumureen booda adda of baasuun isin barbaachisuu mala. Waa'ee namoota biroo biratti aguuggii afaanii fi funyaanii godhachuufi mana keessa yeroo hammamiif turuu akka qabdan irratti odeeffannoo dabalataatiif marsariitii Quunnamtii Dhiyoo fi Adda of Baasuu MDH ilaalaa: (<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/close.html>)

Namni kamuu faalamuu dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf, miseensonni maatii hundi erga namichi dhukkubsatu adda of baasuu isaa xumuree guyyaa shan booda qoratamuu qabu. Haala kana keessatti, guyyaan xumuraa adda of baasuu miseensa maatii keessanii gaafa Kamisaati. Miseensonni maatii hundi guyyaa shan booda gaafa Kibxataa qoratamuu qabu.

Waa'ee yeroowwan biroo itti qoratamuu qabdaniif fi eessatti akka qoratamuu qabdan caalaatti baruuf, marsariitii COVID-19 Qoratamuu MDH ilaalaa (<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html>)

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/2/22 (Oromo)

Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-4989